# “Namni salaata tokko irraanfate yeroo isa yaadatetti haa salaatu, san malee bakka bu'aan isaaf hin jiru

Anas bin Maalik irraa odeeffame -Rabbiin irraa haa jaalatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: “Namni salaata tokko irraanfate yeroo isa yaadatetti haa salaatu, san malee bakka bu'aan isaaf hin jiru: {Salaata na yaadachuuf dhaabi} [Xaaha: 14].”

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa rahmatni irra haa jiraatu- namni salaata waajibaa kamiyyuu hanga yeroon isaa darbutti raawwachuu irraanfate, yeroma isa yaadatetti ariifatee daddafee isa qadaa baasuu akka qabu ibsaniiru, Muslimni gaafa yaadatu yoo salaate malee dilii saniif dhiifamni ykn haqamni waan hin jirreef jecha. Rabbiin Qur'aana kabajamaa isaa keessatti akkas jedhe: {Salaata na yaadachuuf dhaabi} [Xaaha: 14]”. jechuunis: yeroo yaadattetti salaata dagatame raawwadhu jechuu dha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65088